

Mammaaksota Oromoo Qubee 'B'n Jalqaban.

- 1 Baddu baddi malee saree ija hin dhigan.
- 2 Badiin saree gaafa duute.
- 3 Bagan kufe, bagaan ka'e, kan naqabuu fi kan na dhaabu addaan
baafadhe jedhe namtichi
- 4 Bagan si arge jennaan bagan si hin dhokatiin jedhe hattuun abbaa
manaatiin
- 5 Bakakkaan akkanaanu natti gamu muka jala na geessite
- 6 Bakka arfaasaa dhaabbatan, birraa dhaabbatu.
- 7 Bakka hin rafnetti hin muugan
- 8 Bakka itti citanitti citaa haammatan
- 9 Bakka loon hin oolle dhoqqee hin argani.
- 10 Bakka oolan irraa bakka bulantu caala.
- 11 Bakka rabbi itti nama hidhe, funyoo malee ijaajju
- 12 Bakka sareen jirutti, namatu dhuufee hin gaafatan
- 13 Bakkuma dhaqqabani kan hoqqatan
- 14 Bara barri argate buqqeetu dhagaa cabsa.
- 15 Bara bofti nama nyaate lootuun nama kajeelti
- 16 Bara gaddaa mataa lafa godhu
- 17 Bara humna qaban sagaliin lolu, bara humna hin qabne sagalee tolu
- 18 Bara quufaa lukkuutu dhuufa
- 19 Baraan barruu horan
- 20 Barcuma ulfinaa abbaatu of jala baata
- 21 Bareedde jedhanii obboletti hin fuudhani

- 22 Bareedina gurraachaafi dubbii gamnaa nama bira gaheetu hubata.
- 23 Bari fallana, takka namaa fodogaa, takka nama fondoga.
- 24 Barri ni darba, taajjabni ni tura.
- 25 Beekte beekte jennaan niitiin qeesii kitaaba miiccite
- 26 Biddeen nama quubsu eelee irratti beekuu jedhan.
- 27 Billaachi ofiifuu hin qabduu dhagaatti uwwifiti
- 28 Bishaan darbe hin waraaban.
- 29 Bishaan lagaa dhume jennaan boosettiin ilil jette
- 30 Bishaan malaan waaddan
- 31 Bishaan yoo nama nyaatu nama kofalchiseeti.
- 32 Bitaan yaabanis mirgaan yaabanis waligeenyi kooradhuma.
- 33 Bittaa wallaalanii gabaa komatu.
- 34 Biyyaa bahaan malee biyya hin yaadan.
- 35 Bobbaa yoo tolan gala tolan
- 36 Boolli guyyaa argan halkan nama hin nyaatu.
- 37 Boora'u malee hin taliilu
- 38 Boora'u malee hin taliilu
- 39 Bor hin bekneen qoda-bukoonshee lama.
- 40 Bor ni agarta jennaan edana akkamitti bulee jedhe ballaan.
- 41 Boriif boorri jira.
- 42 Buddenni nama quubsu eeleeerratti beekama.aftuu haadha warraa ajjeesa.